STAY SAFE MN

TALAALLII COVID-19 | Dargaggoo fedhiiwwan addaa qabaniif ykn qaamaan midhamaniif

Odeeffannoo dhiheesitooata Kunuunsaatiif

Muummeewwan Too'annaa fi Ittisa Dhukkuubaa (CDC) namni kamuu umurii 5 fi ol ta'e talaallii COVID-19 akka fudhatu gorsu. Ijoollee fi dargaggoo fedhiiwwan addaa fayyaa kan qaban ykn qaamaan midhaman COVID-19 tiin dhukkuba rakkisaatiif caalaatti balaa ol'aanaa keesatti waan ta'uu danda'aanif, maatiiwwani fi dhiheesitoota Kunuunsaa ijoollee rakkoo fayyaa ykn qaama midhamaa kamiyyuu keessatti jiran talaallii akka fudhatan godhuu irratti sirrttti yaada keessa galchuu akka qaban ni gaafatamu.

- Talaallii COVID-19 Pfizer dargaggoo umurii 5 fi ol ta'aniif seera qabeessa dha. Inni dargaggoo umurii hangii kanaa keessatti COVID-19 faallaa irraa nagaa qabeenyaa fi irraa eeguu ta'ee ilaalemeera Omiishoota talaallii kan biroo gareewwan umurii maandhaa qaban keessatti akkuma qoratameettii yeroo dhihoo keessatti tarii seera qabeessa ta'uu danda'aa.
- Dargaggoo rakkowwan fayyaa ijoo qaban talaallii COVID-19 fudhachuu danda'u. Sababnii namni tokko talaallii fudhachuu qabu kan dhiisu, talaallii COVID-19 keessatti kan jiran naqaawwan kamiyyuutiif deebisaa rakkoo jireenyaaf kan sossodaachisu (deebisa kan epi pen gochuuf kan dirqisiisu) yoo qabaatani qofa dha.

TALAALLICHA KEESSATTI MAALTU JIRA?

Talaalliin Pfizer kan namoota umurii 12 fi isaa olii ta'aniifwantootni ittaanaa ofkeessatti qabaata:

- mRNA
- Lipidiiwwan: ((4-hydroxybutyl)azanediyl)bis(hexane-6,1-diyl)bis(2-hexyldecanoate), 2 [(polyethylene glycol)-2000]-N,N-ditetradecylacetamide, 1,2-Distearoyl-sn-glycero-3-phosphocholine, and cholesterol)
- Ashaboowwan: potassium chloride, monobasic potassium phosphate, sodium chloride, dibasic sodium phosphate dihydrate
- Shukkaara

Talaalliin Pfizer kan daa'imman umurii 5-11 ta'aniifwantootni ittaanaa ofkeessatti qabaata:

- mRNA
- Lipidiiwwan: ((4-hydroxybutyl)azanediyl)bis(hexane-6,1-diyl)bis(2-hexyldecanoate), 2 [(polyethylene glycol)-2000]-N,N-ditetradecylacetamide, 1,2-Distearoyl-sn-glycero-3-phosphocholine, and cholesterol)
- Ashaboowwan: sodium chloride
- Ittistoota jijjiirama pH: tromethamine, tromethamine hydrochloride
- Shukkaara

TALAALLIIN PFIZER KAN GAREEWWAN UMURII LACHUU KANNEEN ARMAAN GADII HIN QABU

- Buphaa/killee
- Kan Tursiisan
- Aannan mukaa (Latex)

Yaaddoowwan ta'uu danda'aan

- Seenaa adanyoowwan: Ijoollee wantoota olitti hin tarreeffamniif adanyoowwan baayyee rakkisaa qabaatan yeroo baayyee talaallii COVID-19 tiin rakkoo hin qabani. Mallattoowwan hubachuudhaaf talaallichaa booda daqiiqaawwan 30 tiif akka turan ni gaafatamu.
- Myocarditis fi pericarditis (dhiitahuu onnee): CDC'iin erga talaalliwwan Pfizer fi Moderna fudhatan booda ijoollee fi ga'eessota dargaggoo irraatti wa'ee myocarditis fi pericarditis gabaasaa argateera. Dhiiroota irratti caalaatti baratamaa dha. Rakkinoota darbee darbee mudaatan rakkinoota fayyaa ijoo kamiyyuu wajjin walitti hidhata hin argamu. Rakkinoonni harka caalu salphaa turan akkasumas waldhaanamuu kan danda'aamani dha. Faayidaaleen baratamoo kan talaallii COVID-19 balaawwan nama irraan ga'u irraa baayyee caala. Caalaatti baradhaa CDC: Myocarditis fi Pericarditis mRNA Talaallii COVID-19 boodaa (www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/vaccines/safety/myocarditis.html).

BU'AAWWAN RAKKISAA BEEKAMOO

Akkuma talaalliiwwan baratamoo biroo keessattii, namoonni tokko tokko erga talaallii COVID-19 fudhatanii booda bu'aawwan rakkisaa qabaatu. Bu'aawwan rakkisaan yeroo hedduu guyyaa tokko ykn lama turu, yeroo hedduu ammoo nama tokko hojiiwwan guyyuu keessatti hirmaachuu irraa isa hin dhorkan. Namni tokko erga talaallii COVID-19 fudhatee booda kanneen armaan gadii qabaachuu mala:

- Abdaraa irree
- Mataa bowwoo
- Dukkuboota maashaalee
- Gubaa ykn leygdaa/qorra
- Dadhabina

Dargaggoon talaallii erga fudhatan booda akka itti hin tolle kan qodhan bu'aawwan cinaa rakkisaa kanneenii qabaachuu danda'u, garuu akka isaanitti foyyee dhagahamuu qodhuu kessatti isaan gargaaruuf tarkaanfiiwwan fudhachuu dandeessan jiruu isaaniis akka dhukkubarraa kan boqochiisan aspirinii malee (Tylenol ykn Ibuprofen) kennuu ykn sochiiwwan callisaatiin akka itti mijuu qodhuu dha. Bu'aawwan rakkisaa ulfaataa yoo qabaattan, gara hospitaalaa deemaa ykn 911 irratti bilbilaa.

Mijeessoota gaafachuu

Yeroo beellama qabsiifattan ykn iddo talaallii geessan, daa'imni kunuunsa keessan argataa jiru gargaarsa dabalataa xiqqoo akka barbaachisuuf hojjetootni akka beekan qodhuu keessan mirkaneessaa. Fakkeenyaaf, isaan maaskii ykn talaalicha eeguu tarii hin danda'an yoo ta'e. Ibsaawwan ifaa fi kutaawwan jeequmsa qaban tarii isaan rakkisuu. Mijeessoota gaafachuu dandeessu fakkeenyaaf:

- Talaallii fudhachuu booda taa'uu irraa naannawatti adeemuu filuu.
- Konkolaataa keessan keessatti namni biraan tokko akka isaan talaalu gochuu.
- Yeroo beellamatti hiriyaa jaalatamaa isaanii akka isaan geegessuu ykn gargaaru godhuu.
- Gobbuu irraa fagaachdhaan kutaa callisaa keessatti talaallii fudhachuu.

Gaaffilee?

Iddo beellamaa talaallii COVID-19 itti gaaffilee keessaniif deebii keenuu dhaaf dhiheessitooti kunuunsa fayyyaan ni argamu. Garuu, yeroo sanaan dura gaaffilee kamiyyuu yoo qabaattan, dhiheessaa kunuunsa fayyyaa amanamaa gaafadhaa.

MINNESOTA

mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975 | 651-201-5000
Bifa biraadhaan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)

11/16/2021